

Qoqqobiin Tasmania laafatee jira. Maal beekuu na barbaachsa?

Waliin dalaguudhaan tokkoon tokkoo Tasmaniyaanotaa dadabraa dhibee coronavirus hawaasa keenya kessaa hir'isuutti gargaarsa godhchaa jiran. Sadarkaa barbaachisu hunda hordofuudhaan akkataa itti qoqqobiin kun hir'isaa deemu irratti hojjachuun itti fufaa jira.



Bakka tuutaatti nageenya eeggachuu

COVID-19 tuxuqaa namoota waliin tahuun daddabra. Tuuta kam illee (gartuu namootaa) yookaan bakka adda addaatti wanneen kana eeggachuun gaarii dha:

- Namoota gidduu yoo xiqqaate meetirii 1.5 wal irraa hiiquu
- Qulqullina harkaa
- Qulqullina qufaa (ciqilee yookaan haxooftuu keessatti haxxifachuu yookaan qufa'uu fi qufaa yookaan haxissoo booda hark akee qulqulleessachuu)
- Yeroo hunda naannoo kee qulqulleessuu fi haxaawuu.

Dhibee mirkaneessame hordofuuf akka siif mijjatuuf bilbila harkaa kee irratti COVIDSage kan jedhu interneeta keessaa gadi buusachuu dandeessa.

Lubbuudhaaf tika godhchuu fi Tasmania daandii dandamachuu irratti eeguuf namni hundi waan qajeelaa dalaguu itti fufuu qaba:



Qoqqobiin yeroo ammaa bakka jiru maal akka tahe quba qabaachuu



Yeroo hunda harka dhiqachuu



Yeroo ala baatu qaamaan wal irraa siqeenya eeguu



Yoo si dhukube mana turuu



Yoo mallattoo utaalloo (cold) yookaan dinfafa (flu) qabaatte COVID-19f laalami.



Namootni qaamni isaanii dadhabaa tahe mana akka turanii fi fayyummaa ofii akka eeggatan, yookaan yeroo ala bahan eeggannoo dabalaa akka godhatan jajjabeessamu.

Gorsi kun kan inni ilaalu:

- Aboriginalotaa fi namoota Torres Strait Islander, kan umriin isaanii 50 fi sanaa ol tahan kan dhibee (michii) tutturaa jabaa tahe tokko yookaan sanaa ol tahe qaban
- Namoota umriin isaanii 65 fi ol tahe kan dhibee (michii) tuttura jabaa tahe qaban
- Namoota umriin isaanii 70 fi sanaa ol tahe
- Namoota qaamni isaanii dhukuba of irraa ittisuu hin dandeenye
- Namoota qaamni isaanii dhibamaa tahe, yoo gorsa wal'aansa fayyaa irraa siif kennamee jira tahe.

Kana jechuun namootni kun manaa gadi bahu hin danda'an yookaan kaan dubbisuu hin danda'an jechuu miti.

Garuu ammo namootni saphlaati balaa irra bu'uu danda'an kun namoota isaan dubbisuu dhufan dhibee qaban, ijoollota wal irraa hiiqa qaamaa eeggachuu hin beekne dabalee irraa of eeguu qaban.

Maaliif meetirii 1.5 kaan irraa hiiquun barbaachisaa dha?

Qaamaan wal irraa hiiquun daddabraa COVID-19 ittisuuf golgaa isa jabaa dha. Yeroo siif danda'amee fi mijataa tahetti sii fi namoota kaan gidduu wal irraa fageenya kan meetirii 1.5 gadi hin taane eeggachuu itti fufi.

Waxabajjii (June) 26 bara 2020 asitti maaltu jijjiirame?

Sadarkaa 3fa kan Waxabajjii (June) 26 bara 2020 jalqabe jalatti, daldllii fi bakki dalagaa hundi hujii isaanii akka jalqabanii fi namoota hedduu qabaachuu akka danda'an hayyamamaa dha.

Tuutaan walitti tuutawuu ala keessa bakka addaan qoqoodamee hin jirre keessa hanga namoota 500 wal gahuu yeroo danda'an mana keessa bakka addaan qoqoodamee hin jirre kessa namoota 250 walitti tuutawuu danda'u. Bal'inni lafaa namni tokko qabachuu danda'u kan iskuwerii metirii 4 ture gara iskuwerii metirii 2 gdi hir'isee jira.

Yeroo lakkoofsi bakka lakkoofsa namoota walitti tuuta'anii gaditti xiqqoo tahu lakkoofsi namootaaf hayyamamuu gadi hir'isa.

Isportii fi bashananaaf, leenjii qaamaan wal tuxuqaan jiruuf, isportii dorgommii (kan tuxuqqaa qaamaa qabuu fi hin qabne) fi kutaa ufata itti jijjiiratan fi kutaa dhimma itti bahan hundi hayyamaa dha.

Qe'ee keetti

Qe'eetti wal gahuu—mana biras dabalee—jiraatota qe'ee sanaa osoo hin dabalin yeroo tokkotti namoota 20f ni hayyama. Yoo si dhukube namoota kaan deemtee dubbisuu hin qabdu, namootni kaanis dhufanii si dubbisuu hin qaban.